Af-gaaffii, Gaafannoo (Interview) Hojiif Mindeeffamuuf Irra Deddeebiin Namootaaf Taasifamu:



Telegram: https://t.me/Reading_PDF

Ji'a waxabajjii Yuuniversitii fi Koollejjiin adda addaa humna nama baratee yeroo itti eebbisanii uummata akka tajaajilaniif gara uummataatti bobbaasuu isaanii itti beeksisaniidha. Akkasumas dhaabbanni adda addaa ji'a kana irraa jalqabee beeksisa qacarrii hojii ni baasa. Addunyaan kuni kan waldorgommiiti. Dorgomaa cimaa ta'uuf of qopheessi! Kana ilaalchisuun immoo af-gaaffii (interview) qacarrii hojiif yeroo baay'ee irra deddeebi'uudhaan gaafatamanii fi xiyyeeffannoon itti kennaman akka armaan gadiitti isiniif dhiheesseera.

Yeroo Baay'ee Gaaffileen Gaafannoof (Interview) Dhiyaatan:

1. **Waa'ee kee nuuf ibsi! (Please introduce yourself to know who you are?):** Gaaffiin gaafannoo (interview) dhaaf dhihaatu kuni yeroo baay'ee salphaa fakkaata malee namoonni baay'een kan jalqaba irratti dogoggorri isaan irratti mul'atuu dha. "Waa'ee kee ibsi jedhamee yoo gaafatamu namni baay'een seenaa isaa tokko tokkoon ibsuudhaaf yaala! Akka ilaalcha gaafichaatti garuu deebiin deebifamuun irra jiraatu, haala turtii barnootaa, muuxannoo hojii yoo qabaateef, kana dura hojii gaarummaa hojjetee fi yeroo jalqabaaf kan mindeeffamu yoo ta'e immoo haala sochii yuuniversitii keessaa maal akka fakkaatu, qorannoo (research) fi

projeektii (project) hojjete kaasee of yoo beeksise filatamaa ta'a. Haasa'a keessatti nama gaafatuuf (interviewer) odeeffannoo barbaachisoo ta'an dursuudhaan dubbii barbaachisoo ta'an irratti xiyyeeffadhu! Bakka dhalootaa odeessuun, qomoo fi sanyii lakkaa'uun af-gaaffii akka hin kufne ofeeggadhu! (Keessumaa immoo addunyaa sanyummaan walqooddu kanatti hirmaatanii sanyii lakkaa'uun barbaachisaa miti.)

2. **Kanaafuu beeksisa hojichaa akkamitti odeeffannoo argattan? (How did you got an information about this vacancy?):** Gaaffiin kunis irra deddeebiin ni gaafatama. Kaayyoon gaaffii kanaa dhaabbaticha hammam akka jaalatanii fi hangam akka hojicha hojjechuuf kaka'an beekuu dabalateeti. Ta'us deebiin isaanii "fuula dhaabbata isaanii irraa argachuu yookiin gaazexaan kan bahe yoo ta'e, "gaazexaa irraa, fuula beeksisaa irraa" jechuun deebii sirrii deebisuu qabu. Gaaffii miidhaksuuf jecha bakka itti hin beeksifamne dubbachuun sobduu taasisa.
3. **Waa'ee Waajjirichaa Hangam Beektu? (Have any know how about this organization?):** Utuu afgaaffiitti hin dhihaatin waa'ee dhaabbatichaa hangam beeku? Bara dhaabbate, ergamaa (mission) fi mul'ata (vision) dhaabbatichaa kaayyoo fi baldhina (scope and objective) bu'aa dhaabbatichaa beekuu fi isaanimmoo kaayyoo kana milkeessuuf gaheen isaanii maal akka ta'e hubannoo keessa galchuun ibsuuf yaaluu. Odeeffanoo kanas immoo fuula dhaabbatichaa fi beeksisa hojii isaaniitiif maxxansa maxxanfaman irraa argachuun ni danda'ama. Gaaffii kanaaf deebiin kennamu hojichaaf xiyyeeffannoo kennan argisiisa.
4. **Maaliif Asitti Qacaramuu Barbaaddan? (Why did you employee in this company?):** Beekumsa kan qabu nama barbaadamu waan ta'eef of qopheessaa. Sababa kamiiniyyuu haa ta'u, "carraan hojii waan naaf uumameef, hojii dhabee waanan jiruuf, qarshii argachuuf" kanneen jedhan jettanii gonkumaa deebisuuf hin yaalinaa! "Iddoo hojii kanatti yoon hirmaadhe bu'aa olaanaa akkan fidu waanan itti amanuuf, dhaabbatichi guddina ariifachiisaa galmeessaa waan jiruuf anis qaama hojii kanaa ta'ee biyyaa fi kutaa hojii kanaa guddisuu waanan barbaaduuf, maqaa dhaabbatichaa dhahuun, iddoo kanatti yoon hirmaadhe waan baay'ee na gammachiisuuf" jechuun deebisaa!
5. **Dhaabbatichaaf maal gumaachuuf itti amantu (If you will employed, what role do you believe that may pay for company?):** Yoon hojjetaa dhaabbatichaa ta'e gurmiidhaan hojjechuu keessatti tokkummaa garichaa(team work) cimsuu, dandeettii hojii cimsachuu (Skill building) sochii taasifamu jajjabeessuu, waljijjiirraa muuxannoo hojii (Experience

sharing) qorannoo fi projeektii (research and project) adda addaa hojii koo cinaatti hojjechuu, maammiltoota kabajuu fi haala ta'uun keessummeessuu (Respect and legality for customers) guddina dhaabbatichaatiif gahee isaanii akka bahan dubbachuu.

6. **Ciminni Keessan Maalidha? (What is your strength):** Cimina keessan isa dhugaa ta'e ragaa bahaa! (waan ta'uudhaaf hawwitan utuu hin ta'in dandeettii qabdan dubbadhaa!) Hojii dorgomuuf jirtan waliin walqabsiisuun dandeettii qabdan dursitanii yoo ibsitan filatamaa dha.
7. **Ergamaa fi Mul'ata Dhaabbata Kanaa Beektuu (What are the Vision and Mission of this Organization?):** Gaaffii kana deebisuuf dursanii itti qophaa'uu barbaachisa. Hojii itti dorgoman mul'ataa fi ergama isaa dursanii sirriitti beekuu qabu. Odeeffannoo kana argachuuf toora hawaasummaa yookiin marsariitii dhaabbatichaa irraa, beeksisa keenyaan dhaabbatichaa irratti maxxanfan irraa argachuun waan danda'amuuf utuu waa'ee waajjirichaa homaa hin barin akka hin galle ni gorfama. Odeeffannoo homaa illee argachuu yoo dadhaban ofiin deebisuu irra caalatti namoota naannootti dhiyoo jiran irraa gaafachuun seenuun barbaachisaa dha.
8. **Maal Qabattee Gara Dhaabbata kanaa dhufte?** Gaaffii kana yoo gaafatamte, gaafataan seenaa kee qorachuuf barbaadee miti. Rakkinaa fi mudannoo hojicha keessatti si mudatan haala kamiin akka hoogganuu dandeessuu fi akka hojjetaa dhaabbatichaatti socho'uuf illaalcha akkamii akka qabdu baruufi.
9. **Maalif Si Qacarra? (Why We Hire You?):** Gaaffiin kuni kan qaxxaamuraa (sodaachisuuf) kan gaafatamu miti. Garuu yoo gaafatamte gara carraatti dhufuu kee argisiisa. Yoomiyyuu of gurguruuf yookiin dandeettii kee nama mindessutti gurguruuf qindaa'insi barbaachisaan hin jiru. Hojiin kee deebii amansiisaa 3 (sadii) waliin walqabachuu qaba. Hojii itti qacaramte qofa hin hojjettu, bu'aa guddaa galmeesuuf, dandeettii ati hojjettoota waliin gareen ta'uun yookiin aadaa hojichaa kabajuun isaanii waliin hojjettuu fi mindeeffamaa warra kaadhimmaman kan ittiin caaluu dandeessu akka taatu akka ibsituufidha.
10. **Dandeettii Keessaniin Hojii Maal Hojjettan? (What Role Do You Have Payed Before with Your Profession?):** Dandeettii amma ittiin qacaramuuf jirtaniin hojjettanii bu'aa akkamii dursitanii akka galmeessitan?

Interview Questions

Telegram: https://t.me/Reading_PDF

Getu Abera 2021

0919872853